Adoolessa 12, bara 2009-07-13

**<u>Korri miseensotaa ABO fi hawaasa Oromoo kutaa Skandinavia milkiin xumurame</u>**

Walgahiin miseensota ABO biyya Awuropa, kan kutaa Skandinavia Adoolessa guyyaa 10, bara 2009 biyya Norway, magaalaa Oslotti godhame milkii fi injifannoon kan raawwate ta'uu gammachuun beeksifna.

Walgahiin kun akkuma barsiifata aadaa oromootti eebba maanguddoo fi faaruu alaabaa oromoon baname. Ittaansuun dura taa'aan koree ABO kutaa Skandinavia, J. Mehammed Ahmed sagantaa tartiiba walgahichaa miseensota beeksisuun, keessummaa kabajaa guyyaa kanaaf afeerame, miseensa GS fi dubbii himaa ABO kan ta'e Dr. Bayyaan Asoobaa kora kanarratti argamuu isaa ibsuun waltajjiitti afeeran. Hirmaatonni miseensota ABOs gammachuun simatan. Isa malees Dr. Dagafaa Abdiisaa miseensa SHG ABO fi J. Dhugoomsaa Dhugaasaa hoggana ABO Gadaa dabree kan ta'an keessummaa kabajaa ta'uun walgahii kanarratti argaman.

Dr. Bayyaan Asoobaas yeroo duraatiif kora kutaa ABO Skandinavia irratti afeeramuu isaatiif gammachuu itti dhagahame miseensotaaf ibsuun haasawa isaa eegale. Itti fufuunis haala qabsoon oromoo yeroo ammaa keessa jirtu, haala sochii diinaa, haala biyyoota ollaa Oromiyaa, hariiroo fi quunnamtii ABOn dhaabota oromoo biroo waliin qabuu fi mooraa qabsoo irroomsuuf haala adda addaan sochii godhamaa jiru bal'inaa fi gad fageenyaan miseensaaf ibse. Jaallan Dr. Dagafaa Abdiisaa fi Dhugoomsaa Dhugaasaa walduraa duubaan yaada dabalataa  qabxiilee marii ka'anirratti ida'uun miseensotaaf hubannaa guddaa kennan. Hirmaattota miseensota keessaas bifa gaaffii fi deebiin yaadni marii bal'aa ka'uun egeree qabsoo bilisummaa oromoof toftaa fi tarsimoo barbaachisan hedduutu eerame.

Ajandaan lammataa kan kora kanaa gabaasa koree hojii geggeesituu kutaa dhaggeeffachuu fi filannoo ture. Akka kanaatti gabaasa hojii konyaalee keessatti raawwatamee fi konyaalee kutaa kana keessatti argaman ijaaruu fi cimsuu irratti waan dalagaa turan bal'inaan dhiheessan. Kanumatti fufuun gabaasaan dinagdee galii fi baasii tokko tokkoon dhiheessan. Gabaasa kanarrattis mariin adeemsifamee jabiinaa fi laafina ture xiinxaluun gabaasicha miseensi sagalee guutuun fudhatuun gara filannootti cehame. Ajandaa koree haarawa filachuu ilaalchisee dhihaaterratti dalagaa koreen kun dalagdee fi cimina kutaa kanaaf tattaaffii fi gumaachi isheen goote guddaa ta'uu hubatuun galateeffamte. Akka kanaatti koreen kun waggaa lamaan dhufuuf hojii akka itti fuftu yaadni dhihaate. Yaada kanas manni sagalee guutuun  fudhachuun koreen kun deebitee waggaa lamaaf filamte. Guyyaa fi bakka walgahii kora guddaa fi xiqqaa kutaa Skandinavia bara 2010sasuman murfatamee jira.Innis korri xiqqaan magaalaa Stavangeritti Ebla guyyaa 17, korri guddaan Oslotti Adoolessa guyyaa 9 fi 10 bara 2010 akka ta'u waliif galameera

Guyyaa lammataa walgahii hawaasaatu godhame.Walgahii kanas kan adda godhu hawaasni oromoo Skandinavia keessa jiraatu haala kanaan duraa waliin yeroo ilaalamu heddumminaan bahuu isaati. Hawaasa walgahii kanarratti argamaniif walduraa duubaan Dr. Bayyaan Asoobaa, Dr. Dagafaa Abdiisaa fi obbo Dhugoomsaa Dhugaasaa haala qabsoo oromoo fi haala naannoon gaanfa Afrikaa keessa jirtu bal'inaan ibsanii jiru. Ibsa kana boodas mooraa

qabsoo oromoo tokkoomsuu fi gumaacha qabsoon barbaaddu gochuuf dirqama namtokkee fi jaarmiyoota oromoo irraa eegamu irratti mariin bal'aan godhee jira. Marii kana boodas namoota milkaa'ina walgahii kanaaf gumaacha olaanaa kennaniif badhaasaa fi galanni kabajaa kennameefii jira. Gaachana qabsoo oromoo kan ta'e WBO dinagdeen tinnisuuf gumaachi guddaan godhamee jira. Keessattuu konyaan Osloo fi Stavanger dorgommiin caalbaasiif godhanii fi gumaachi isaan kennan kan nama hamilchiisuu fi kan nama onnachiisu ture.

Dhumarrattis murtii fi ibsi ejjennoo armaan gadii dabarfachuun walgahich milkii fi nagaan xumuramee jira.

1) ABOn rakkoo mooraa qabsoo Oromoo keessatti uumame ture irra aanuudhaan Qabsoo Bilisummaa Oromoo galmaan gahuuf tattaaffii asi hafee hinqabne gochaa jirachuu isaa dinqisiifachaa kaayyoo keenya fiixaan baasuuf hooggana ABO jalatti kallattii hundaanuu hiriirree hojjechuuf irra deebinee murteeffanneerra.

2) Gaachanni qabsoo bilisummaa oromoo, WBOn rakkoolee mara mohatee yeroo ammaa sochii gochaa jiru dinqisiifachaa fuuldurattis qusannoo tokko malee waan dandeenyu maraan cinaa dhaabbachuudhaaf waadaa keenya ni haaromsina.

3) Kaayyoo keenya bakkaan gahuudhaaf tokkumman humnoota Oromoo murteessaa ta'uu isaa kan hubannu yoo ta'u ABOn tokkummaa Oromoo mirkaneessee mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo itichuudhaaf tattaaffi yeroo ammaa godhu hunda cinaa dhaabbanee ni jabeessina.

4) Hidhaa fi ajjeechaa, saamicha fi mancaasuu uumama naannoo (Natural Environment) mootummaan woyyaanee Ummaata oromoo fi biyya keenya Oromiyaa irratti raawwatu guddifnee balaaleffnna.

5) Mootummaan Woyyaanee rakkoo siyaasaa biyya keessatti sardee jiru dhoksuuf jecha biyyootaa fi uummatoota ollaa jeeqaa jira. Kanaaf Mootummaan Wayyaanee farra nageenyaa, guddinaa, dimokraasii fi farra ollummaa gaarii waan taheef gochaa shororkeessummaa raawwachaa jiru cimsinee balaaleffanna.

6) Ilmaan oromoo diina kana waliin hojjechaa bu`aa yeroof jecha ummata keessan miidhaa fi alagaa tajaajilaa jirtan ammas akka gara qabsooti deebitan irra deebinee waamuicha isiniif goona.

7) Ilmaan cunqurfamoo, sabaa fi sablammii biyyattii marti kan karaa nagaa mootummaa wayyaanee waliin hojjettanis tahe kan mormitoota taatanii jirtan jireenya ummata keessanii gadadoo, hacuuccaa keessaa baasuu fi nagaa, demokraasii, guddina, fi mirga hiree murteeffannaa sabootaa mirkaneessuuf akka waliif tumsinu waamicha isiniif dhiheessina.

8) Rakkoon siyaasaa biyya Itophiyaa fi naannooshee keessa jiru karaa nagaa fi dimokraasiitiin akka hiikamu warreen dhimmi kun ilaallatu mara walitti fiduun akka hiikamuuf mootummaa wayyaanee irratti dhiibbaan barbaachisu karaa dandayame hundumaan akka irratti godhamu mootummootaa fi jaarmiyoolee addunyaa gaafanna.

9) Mootummooti biyyattii gargaaraa jiran rakkoo ummatichaaf dirmachuu isaaniif galatoomfachaa, gargaarsa godhan kana akkaataa inni ummaticha dhaqqabuusaa akka tohachuu dnandayan yaadachiisaa, gargaarsa karaa mootummaa Woyyanee godhan hunda hal-duree tokko malee irraa dhaabanii dhiibbaa akka irratti godhan gaafatna.

10) Mootummaan Woyyaanee, hidhamtoota siyaasaa murtii seeraan alatti mana hidhaa keessatti dararaa jiru hal-duree tokko malee akka hiikamaniif Mootummootni Dimokraatawaa Addunyaa fi Jarmoleen mirga dhala namaaf dhaabbatan marti dhiibbaa barbaachisu akka irratti godhan kabajaan gaafanna.

.

**Gadaan Gadaa Bilisummaati!!**

**Miseensota ABO kutaa Iskaandinaaviyaa**

**Oslo, Adoolessa 10 bara 2009**